# سُورَةُ الفَلَق
# Suuraa Falaq

قبل كل شئ هذه هي سورة الفلق

Dura dursoo suuran tun {suuratulfalaq} je'amti.

وهي مدنية أو مكية

*Isiin,suuraa madiina'aatimoo,ta makkaatii keessatti moroma'aatu jira.

وآياتها خمس

Aayaanni shani {5} .

وعددها مائة وثلاثة عشر

*lakkooysi isi’ii dhibbaafii ,kudha sadii

نزلت بعد سورة الفيل

*Isiin eega suuraa {fiilii} buute.

سبب نزولها

*Sababaan suuran tuniifii tan isii boodaa buutef,yahuudicha,tokko,kan waliid je'amuutu falfala nabi muhammaditti godhe, haada yookaa ribuu fuudhee bakka khudha tokko hihhidhee ,waa irratti qaqqara`ee, eela tokko keessa kaayee, eegasii dhagaa irra kaaye, hoggaa san nabi Muhammad dhukkuba jabaa dhukkubsate, duuba Rabbiin malaaykaa ergee, nama sihrii yookaa falfala san godheefii, akkaataa inni itti godheefii bakka inni itti godhe, nabi Muhammad beysise, akkasitti nabi Muhammad eela sanitti nama ergee, bishaan keessaa tooyanii, falfala san dhagaa jalaa baasanii fidanii nabi Muhammad dhukkubsatu dura kaayan, hoggaa san Rabbiin nabi Muhammadiin suuraa qur`aanaa lama falfala kanarratti qara`i je`ee ajaje, irratti qara`e. suuran lamaan {qul akguuzhu bi Rabbilfalaqiifii qul akguuzhu bi Rabbinnaasi} suuran lamaan tun aayata khudha tokko, duuba hoggaa suuraa lamaan qara`uu jalqabee, aayata duraa qara`u, hidhaan duraa haada sanirraa hiikkamte, duuba dhawaatuma, aayata takka, suuraa lamaanirraa qara`uun, hidhaan takka haadarraa hiikkamti, hanga hoggaa aayata khudha tokkeessa`aa ,kan suuraa lamaanii qara`u, hidhaan haadaa hundi hiikkamtee dhumtee, nabi Muhammad akka waan hidha`arraa hiikkametti dhukkubni irraa ka`ee fayye, tanaaf jecha suuran lamaan tun dawaa jaba, nabi muhammad hoggaa hirriibaf ka`e, suuraa tana lamaan qara`eeti, shanacha isaa lamaanitti afuufee waan qaama isarraa dhaqqabe marsiisa.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ الْفَلَقِ ﴿١﴾

**1**}*Rabbii ifa ganamaa ,yookaa bariisa'aa uumettiin maganfadha je'i.

مِن شَرِّ مَا خَلَقَ ﴿٢﴾

**2**}*Balaa waan inni uumee hundarraa sharrii namaa tayuu ta waan biraa tayuu.

وَمِن شَرِّ غَاسِقٍ
*Ammallee sharrii dukkana halkanii.

إِذَا وَقَبَ ﴿٣﴾
3}*Kan hoggaa aduun seente,takkaa jiini seenee dukkanaayurraan Rabbitti maganfadha je'i.

وَمِن شَرِّ ٱلنَّفَّٰثَٰتِ فِى ٱلْعُقَدِ ﴿٤﴾
4}*Ammallee sharrii dhalaa sihrii,yookaa falfala godhu kan haada hihhidhee, hidhaa sanitti waa qaqqara'ee itti afuufuu hundarraan Rabbitti maganfadhe je'i.

وَمِن شَرِّ حَاسِدٍ
*Ammallee sharrii nama nama hassadurraan Rabbitti maganfadha, waan yoo isaa yookaa hisdii isarraan itti maganfadhe,

إِذَا حَسَدَ ﴿٥﴾
5}*Hisdii yookaa sharrii isaa tan hoggaa inni nama miidhuudhaa ka'erraan rabbitti maganfadhaa sharrii isaa jalaa na baasu'un khakhadhe ji'i,Rabbii kee khadhadhu je`eeti, Rabbiin nabi Muhammad gorse, duuba gorse Nabi Muhammad gorfameen nuufis gorsaa halkanii guyyaa, sharri waan Rabbiin uumee hundarraa, ta halkanii guyya'aa ta haasidaa {waanya'oo} hundarraa Rabbitti maganfatu'.